

# Nama COVID-19'n qabametti saaxilamtanii yoo turtan maal gochuu akka qabdan

## Cuunfaa jijjiiramoota Ebla 20, 2022

- Jijjiiramoota teeknikaa imalaa fi meeshaa herregduu adda of baasuu fi kophaa turuu Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa) ilaalchisee qajeelfama Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Jiddugala Too'annoo fi Ittisa Dhibee) wajjiin wal-qabatan.

## Cuunfaa jijjiiramoota Amajjii 26, 2022

- Qajeelfama adda of baasuu kan [Qajeelfama Adda of baasu fi Kopha ta'uu CDC](#) waliin ta'un haarefamee kan hawaasaaf qopha'ee.
- Qajeelfama kophaa ta'uu kan [teessoowwan tuutaahaareffame](#).

## Seensa

COVID-19 dhaaf saaxilamteerta yoo ta'e, yookan saaxilamee jira jettee yaadda taanan, namoota manaa fi hawaasa kee keessa jiranitti vaayirasichi akka hin tatamsaane ittisuu ni dandeessa. Maaloo, qajeelfamoota kanaa gadii hordofaa. Maaloo qajeelfamootni dabalataa kan bakka addaa as jiraachuu isaanii hubadhaa.

- Barattoonnii fi hojjattoonni manneen barnoota K-12 [ulaagaalee K-12](#) hordofuu qabu.
- Namootni buufata fayyaa keessa turaan ykn hojjataan qajeelfama CDC [Qajeelfama Yeroo Kan Eggumsa Hojjattoota Fayyaa kan SARS-CoV-2 qabani yookan SARS-CoV-2 dhaaf saaxilamanii](#) (Ingiliffa qofaa) fi [Eeruu Ittisa Dhukkuba Yeroo CDC kan Namoota Dhukkuba Koroonaa dhaan qabamanii kan Yeroo Dhukkuba Vaayirasii Koroonaa 2019 \(COVID-19\)](#) (Ingiliffa qofaa) hordofuu qabu.
- Yoo ati bakka sirreesaa ykn dhi'eessi bakka turtii, mana kan hin qabneef bakka turtii, ykn mana yeroofii keessa hojjataa ykn teessa ta'ee, maaloo qajeelfama [Odeeffannoo namoota bakka addaa tokko hojjatanii yookan turanii](#) duuka bu'i.

Namootni naannootti fayyaa irratti leenji'an yaada furmaataakana salphisuuf yookin bal'isuuf wantoota akka too'annaa weeraraa, bakka namoonni waliin jiraatan fi tarkaanfiiwwan ittisaa qophaa'an bu'uura godhachuun aangoo isaanii fayyadamuu danda'u.

## Ani nama COVID-19'n qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasiseera, garuu na hin dhukkubu. Maal gochuun qaba?

Adda of baasu [hin qabdan](#), yoo isiin:

- Isin waa'ee talaalliiwwan COVID-19, humneessituu, hamma dabalataa, umrii fi haala fayyaa keessanii irratti hundaa'udhaan, irratti [odeeffannoo haaraa kan qabdan](#) yoo ta'e.
  - Marsaa fudhannaa dawaa jalqabaa xumurtanii humneessituu keessaniif ulaagaa hin guuttan taanan, kophaatti of baasudhaaf marsaa dawaa fudhannaa jalqabaa keetii isa

xumuraa nama COVID-19 tti saaxilamuu keetiin dura yoo xiqqaate torbanoota 2 dura fudhachuu qabda.

- [Qorannaa vaayiraalii](#) guyyoota 90 dura taasifameen yoo COVID-19 n qabamtee turte ta'ee fi fayyitee jiraatte.

#### **Adda of baasuun yoo isin irra hin jiraannellee, tarkaanfilee armaan gadii fudhachuu qandu:**

- Nama COVID-19 dhan qabame wajjiin tuttuqqii dhumaa erga gootanii booda yoo xiqqaate guyyoota 5 keessatti COVID-19 qoratamaa. Yoo isin irratti argame, qajeelfama [Yoo COVID-19 Qabaman maal akka gochuu qaban \(wa.gov\)](#) duuka bu'aa.
  - [Qorannaa vaayiraalii](#) guyyoota 90 dura taasifameen yoo COVID-19 n qabamtee turte ta'ee fi fayyitee jiraate, nama COVID-19 qabuun erga tuttuqqii taasistee booda yoo xiqqaate guyyoota 5 booda qoratamuudhaaf qorannoo farra alagaa (qorannoo PCR miti) taasisaa.
- Mana keessaa fi hawaasa keessatti [maaskii sirrii ta'u](#) sirriitti uffaadhaa guyyaa 10 f erga nama COVID-19 n qabameen waliin tuttuqaa gootaniin booda; hanga guyyaa 5 ffaatti maaskii uffachuu itti fufaa yoo COVID-19 irraa bilisa taatan illee.
- Nama COVID-19 dhan qabame wajjiin tuttuqqii dhumaa erga gootanii booda yoo xiqqaate guyyoota 10 f mallattoolee of irratti ilaalaa.
- Yoo mallattooleen mul'atan, [qoratamaa](#) akkasumas sadarkaawwan [Ani nama COVID-19'n qabamee wajjiin tuttuqqii godheera akkasumas amma na dhukkubeera jedhu jala jiran hordofaa. Maal gochuun qaba?](#)

#### **Manatti adda of baasi, yoo:**

- Yoo taalallii hin fudhane ta'e ykn taalallii COVID-19 marsaa jalqaba hin xumurre ta'e; YKN
- Isin waa'ee talaalliiwwan COVID-19, humneessituu, hamma dabalataa, umrii fi haala fayyaa keessanii irratti hundaa'udhaan, irratti [odeeffannoo haaraa kan hin qabanne](#) yoo ta'e.

#### **Manatti adda of baasuu dabalataan:**

- Nama COVID-19 dhan qabame wajjiin tuttuqqii dhumaa erga gootanii booda yoo xiqqaate guyyoota 5 keessatti COVID-19 [qorannaa vaayiraaliidhaan](#) qoratamaa. Yoo isin irratti argame, qajeelfama [Yoo COVID-19 Qabaman maal akka gochuu qaban \(wa.gov\)](#) duuka bu'aa.
- Tuqaatii xumuraa booda guyyoota 10 f mallattoolee kee hordofi.
  - Yoo [mallattooleen COVID-19](#) kamiyyuu mul'atan: adda of baasaa [qoratamaa](#), akkasumas sadarkaawwan [Ani nama COVID-19'n qabamee wajjiin tuttuqqii godheera akkasumas amma na dhukkubeera jedhu jala jiran hordofaa. Maal gochuun qaba?](#)

#### **Yeroo hammamiif addaa of baasta?**

Yoo [dandeessan](#) manattii fi iddoo namoonni baay'een jiranitti namoota biroo cinaa yeroo taatan haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u godhachuu itti fufuu qabdu.

Yoo [haguuggii afaaniif funyaanii sirrii uffachu dandeessa ta'ee](#), erga nama COVID-19 dhaan qabameen wal qunnamteen booda **guyyoota 5f** manatti adda of baasu qabda, sirriiti maaskii mana keessattif ykn bakka namni baay'atutti **guyyoota 5 dabalataaf** fayyadamuudhaan (hanga guyyaa 10 tti). Yeroo kophatti of baasuu, yoo danda'ame, namoota bira jirta taanan maaskii sirriitti siif ta'u kaawwadhu. Yeroo mana keessaa fi ala jirtanitti sirriitti maaskii afaaniif funyaan haguugu sirriiti fayyadamu qabdu akkasuma qophiilee namoota biroo qopha'aan warreen maaskii hin uffanne irratti hirmaachu dhiisuun, kan akka ciisuu, nyaachuu ykn bishaan daakuu. Filannoon maaskii uffachuu dhiisuu (fkn: haguugii fuula golgaa waliin) akka filannoo lamattaatti guyyaa dabalataa maaskii 5 keessatti fayyadamuu dandeessu.

- Yoo isin irratti hin argamne yookan erga nama COVID-19 qabu wajjiin tuttuqaa taasistaniin booda yoo xiqqaate guyyoota 5 keessatti qorannoo taasisuu hin dandeenye yoo ta'e, mallattoo hanga hin qabaannetti adda of baasuu dhiisuu dandeessu garuu manaa fi namoota keessatti hanga guyyaa 10 tti maaskii kaawwachuu itti fufaa.
- Odeeffannoo imalaa argachuuf [Imala | CDC](#) ilaalaa.
- Bakka itti maaskii uffachuu hin dandeenye hin deemin, kan akka mana nyaata fi bakka ispoortii itti hojataan, akkasuma mana keessatti fi bakka hojiitti namoota biro biratti nyaachuu irraa of qusadhaa nama COVID-19 qabamee waliin erga wal qunnamtanii hanga guyyoota 10 tti.
- Yoo danda'amaa ta'e, namoota mana keessan keessa jiran irraa fagaadhaa, keessumattuu, warreen COVID-19 dhaan dhukkubsachuudhaf [balaa ol-aanaa](#) irra jiraan irraa, akkasumas mana keessaniin alaatti namoota jiraan irraa guyyaa tuttuqa nama COVID-19 waliin goote irraa hanga guyyaa 10 tti.
- Yoo xiqqaate guyyaa 10 erga guyyaa nama COVID-19 n qabame waliin tuttuqa gootaniin booda, namoota [rakkoo imiyuunitii ykn dhukkubii cimaan kan qabamaan](#), fi gara mana yaalaa deemu (mana narsoota dabalatee) irraa of qusadhaa akkasuma bakka yaadessoo biroos dabalatee.
- Namootni bakka walitti sissiqaa keessa hojjatan sababa amala hojiichaan irraan kan ka'e waliiraa siiqanii hojjachu hin danda'an (fkn, mana qopheessaa, waarshaa, fi nyaata kan oomishanii fi foon kan qopheessan) erga nama COVID-19 n qabame waliin tuttuqa godhaniin booda guyyoota 10 f adda of baasuu qabu, garuu yoo [maaskii sirritti isiniif ta'u](#) godhatan akkaataa qajeelfama duuka bu'uun yeroo adda of baasun mana turaan gabaabsuu danda'u.
- Namootni manneen jireenyaa yeroo hojjataa keessa jiraatan erga nama COVID-19 qabuun tuttuqaa qabaataniin booda guyyoota 10 f kophatti of baasuu qabu.
- Namootni bakka daldala bishaan irraa irra jiraatan yookan hojjatan (f.k.n., bakka daldalaa nyaata bishaan keessaa, doonii fe'umsaa, doonii gurguddaa) nama COVID-19 n qabame waliin erga tuttuqaa godhaniin booda guyyaa 10f adda of baasu qabu. Odeeffannoo waa'ee adda of baasu haalota kana keessatti argachuuf [Qajeelfama Centers for Disease Control and Prevention \(CDC, Jiddugalawwan Too'annoo fi Ittisa Dhibee\)](#) (Ingiliffa qofaa) ilaalaa.

Yoo manattii fi iddoo namoonni baay'een jiranitti haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u godhachuu [hin dandeessan](#) ta'ee:

Yoo [maaskii sirrii](#) hin godhattan ta'ee, guyyoota 10 f adda of baasu qabdu nama COVID-19 dhan qabame wajjiin tuttuqii dhumaa erga gootanii booda. Odeeffannoo imalaa argachuuf [Imala | CDC](#) ilaalaa.

### Odeeffannoo namoota bakka adda ta'ee keessa jiraatan ykn hojjataniif:

Namootni bakka sirreesaa ykn dhi'eessi bakka turtii, mana kan hin qabneef bakka turtii, fi mana yeroofii keessa hojataa ykn teessa ta'ee, talaaliin osoo hin dangeeffamiin ykn haala jajjabeesuun osoo hin daanga'iin ykn guyyoota darbaan 90 keessatti COVID-19 irraa kan fayyaan addaa of baasu qabu.

- Nama COVID-19 dhan qabame wajjiin tuttuqii dhumaa erga gootanii booda yoo xiqqaate guyyoota 5 f adda of baasu yoo yeroof mana keessa hojjattuu ta'e qoratamuu qabu erga nama COVID-19 n qabameen wal qunnamanin guyyoota 10 booda.
- Namootni bakka walitti sissiqaa keessa hojataan sababa amala hojiichan irraan kan ka'ee waliira siiqani hojaachu hin danda'aan erga nama COVID-19 n qabame waliin tuttuqa godhaniin booda guyyaa 10 f adda of baasu qabu, yoo [maaskii sirriiti afaaniif funyaan uwwisuu](#) godhataanis godhachuu baatanis akkataa qajeelfama duuka bu'uun yeroo adda of baasun mana turaan gabaabsuu danda'u.

Yeroo hojjataan murteesson hir'atanitti, Namootni bakka sirreesaa, dhi'eessi bakka turtii, mana kan hin qabneef bakka turtii, fi mana yeroofii keessa hojjataa yeroo adda of baasuu gabaabsuu danda'uu haala isaani irratti hundaa'uun. Iddoowwan kanneenitti murtoon yeroo adda of baasuu gabaabsuu ogeessota fayyaa naannichaatin kennamuu qaba.

## Ani akkamifan COVID-19'dhaf saaxilame?

Vaayirasiin COVID-19 fidu qabiyyeewwan xixiqqoon qilleensa keessatti argaman kan hamma garagaraa qabaniin daddarba, kanneen tuttuqqii dhiyootin hammi isaanii xiqqachuu danda'an, fkn kottee 6 keessatti akkasumas kanneen qilleensa keessatti makamanii turuu fi caalatti daddarbaafamuu danda'an keessumattuu iddoowwan mana keessatti jiran keessatti haala gaarii hin taanen qilleenfaman dabalachuuf. Namni qabame kara coba hargaansuu ykn paartikiloonni xixxiqqoo kan akka aerosols, keessa jiraniitin vaayirasii tatamsaasuu ni danda'a, yeroo itti qabamaniitti, namoonni COVID-19'tin qabaman mallattoolee arguu isaanitiin dura guyyoota lama (ykn yoo isaan mallattoolee hin agarre ta'e guyyaa qorannoo poozitivii isaanii dura guyyoota 2) irraa eegaluun hamma mallattoolee erga arganii booda guyyoota 10 (ykn yoo isaan mallattoolee hin qabaannee guyyaa qorannoo poozitivii isaanii booda guyyoota 10) tatamsasuu ni danda'u. Yoo yeroon namni tokko sababa COVID-19 tin adda of baasuu guyyoota 10 caale, hamma yeroon adda of baasuu isaanii dhumutti ni daddabarsuu.

Yoo namni tokko COVID-19 n qabamee guyyaa 5 f adda of baase sana booda guyyaa 5 f adda of baasaa maaskii sirriiti fayyadame sababa mallattooleen fooyya'aniif ykn guyyaa 5 booda deeme, namootni guyyaa 6-10 keessatti saaxilamaan sababa [haguuggii faanii fi funyaanii sirriiti](#)uffataniif dheerachuu dhiisu danda'a. Yoo wantichi maaskii sirriiti uffachuu dhiisuu ta'e, namootni guyyaa 6-10 keessatti saaxilaman akka walitti dhi'eenya dhi'ootti ilaalamuu.

Dhiyeenyan tuttuqqii taasisuu jechuun nama COVID-19 qabame bira fageenya faana 6 gidduutti yoo xiqqaate walumaagalatti daqiiqaa 15'f turuu yookin caalmatti sa'aatii 24 ol turuu jechuudha. Namoonni tokko eessaa akka qabaman osoo hin beekin COVID-19 ofirratti argu. Namni COVID-19 qabame tokko isin wajjin yeroo dhiyyootti tuttuqqii taasiseera jedhee biiruu fayyaa hawaasatti yoo hime, karaa [bar-gaaffii fayyaa hawaasaa irratti hirmachuu](#) isiin qunnamu danda'u.

## Akkaminan yeroo turtii adda of baasu herregaa?

Guyyaa isiin itti nama COVID-19 n qabame walin wal qunnamtaan guyyaa 0 jedhama. Guyyaan 1 guyyaa guutuu jalqabaa isin nama COVID-19 dhan qabame wajjiin tuttuqqii dhumaa itti gootani.

Deeggarsaaf meeshaa [Herregduu Adda Baasuu fi Kophaa Turuu](#) DOH ilaalaa.

## Adda of baasudhaaf maal gochuu qaba

- **Mallattoolee ofirratti ilaalaa.** Mallattoon isin irratti mul'ate yoo isinitti hammaate, gargaarsa ogeessaa isin barbaachisa. Rakkoo fayyaa hatattamaa yoo qabaattanii fi 911 tti bilbiluu yoo barbaaddan, mallattoo Covid-19 qabaachuu keessan hojjattoota dhimmi kun ilaallatutti himaa. Tajaajiltoonni yeroo hatattamaa osoo hin dhufin dursa, ni danda'ama taanan haguuggii fuulaa godhadhaa.
- **Namootarraa adda of baasaa,** hamma danda'ameetti namoota mana keessa jiraanii fi bineeldota mana dabalatee. Yoo kan danda'amu ta'e Kutaa kophaa keessa turaa akkasumas mana fincaanii kophaatti fayyadamaa. Bineeldota manaa keessan kunuunsun dirqama yoo ta'e, osoo bineensota manaa hin tuttuqin duraa fi booda harka keessan dhiqadhaa; ni danda'ama taanan, haguuggii fuulaa godhadhaa. Odeeffannoon dabalataa [COVID-19 fi Bineeldota Mana](#)hidha jedhu irra jira.
- Namoota yookin bineeldota manaa bira yommuu geessan yookin biiruu dhiyeessaa eegumsa fayyaa yommuu seentan [haguuggii afaanii fi funyaanii fayyadamaa](#). Haguuggii afaanii fi funyaanii

godhachuu hin dandeessan yoo ta'e, miseensonni maatii manicha keessaa isin waliin turuu hin qaban yookin yeroo kutaa isin keessa jirtan seenan haguugii afaanii fi funyaanii godhachuu qabu.

- Yoo danda'ame, [haala qilleensa mana keessaa fooyyessuudhaf tarkaanfii fudhaa.](#)
- **Meeshaalee dhuunfaa** kanneen akka qodaa itti nyaatan, burcuqqoo itti dhugan, siinii, meeshaalee addaa adaa, fooxaa, yookin huccuu siree **nama biroo wajjin hin fayyadaminnaa.**

### Af-gaaffii fayyaa hawaasaa irratti hirmaadhaa

Namni COVID-19 qabame tokko isin wajjin yeroo dhiyyootti tuttuqqii taasiseera jedhee biroo fayyaa hawaasatti yoo hime, karaa bilbilaa yokin barreeffamaa fayyaa hawaasaa irraa dhagahuu ni dandeessu. Namni af-gaaffii isin gaafatu maal gochuu akka qabdanii fi gargaarsi akkamii akka jiru akka hubattan isin gargaaru. Namni af-gaaffii isin gaafatu nama maqaa keessan kenneef isinitti himu.

### Nama COVID-19'n qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasiseera akkasumas amma na dhukkuba. Maal gochuun qaba?

Yoo isin COVID-19'dhaf saaxilamtanii fi [mallattoolee](#) (kan salphaa ta'anillee), yoo mul'atan, haalli talaallii kan fedhes ta'u mana turuu fi namoota biroo irra fagaachuu akkasumas qorannoo COVID-19 [qorannaa Vaayiraalii](#) taasisuu qabdu. Qorannoodhaf ogeessa fayyaa keessan qunnamaa. Nama COVID-19 dhan qabame waliin tuttuqqii akka taasiftanii fi amma isin dhukkubaa akka jiru itti himaa.

- Qorannoo farra alagaatiin yoo isin irratti hin argamnee, dhiyeessan eegumsa fayyaa keessan qorannoo dhugoomsaatiff yaada dhiyeessuu danda'a.
- Yoo isin [qorannoo-ofiin taasifamu](#) (Ingliffa qofaan) fayyadamaa kan jirtan taatan, ajajawwan oomisha qorannoo-ofiin taasifamuu keessan keessa jiran hordofaa.

Mana keessanitti yookin alatti dirqama nama qunnamuu qabdu yoo ta'e, [haguugii afaanii fi funyaanii sirriiti ta'u](#) godhadhaa. Namoota biroo mana keessaniin alaa jiran cinaa ta'uun keessan dirqama yoo ta'e haguugii afaanii fi funyaanii ykn meeshaa wantoota miidhaa fidan dhorku dirqama godhachuu qabu. Mallattoon isin irratti mul'ate cimaa yoo deeme yookin mallattooleen haaran isin irratti mul'atan, ogeessa fayyaatin mariyadhaa.

**Namni tokko dhiyeessaa eegumsa fayyaa hin qabu yoo ta'e:** Haalli godaansa keessan kan fedheeyyuu yoo ta'e, bakkeewwan qorannoo bilisaa yookin gatii gadi aanaa qaban hedduu jiru. [Waa'ee Department of Health Ilaalchisee Gaaffilee yeroo hedduu gaafataman](#) ilaalaa, gara [Sarara Waa'ee Odeeffannoo COVID-19 Isteeta WA](#) tti bilbilaa.

Yoo waliin tuttuqa qabataniin fi mallattoon dabalaa adeeme, qoratamaa akkasuma qajeelfama sirriitti hordofaa:

Erga mallattooleen eegalanii booda bu'aa qorannoo	Tuttuuqqiin dhiyeenya jechuun:	Tuttuuqqiin dhiyeenya jechuun:
	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Waa'ee talaalliiwwan COVID-19, humneessituu, hamma dabalataa, umrii fi haala fayyaa keessanii irratti hundaa'udhaan, irratti <a href="#">odeeffannoo haaraa kan qabdan</a> yoo ta'e.</li> <li>• <a href="#">Qorannaa vaayiraalii</a> guyyoota 90 dura taasifameen yoo COVID-19 n qabamtee turte ta'ee fi fayyitee jiraatte.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Yoo taalalii hin fudhane ta'e, ykn taalalii COVID-19 marsaa jalqaba hin xumurre ta'e.</li> <li>• Isin waa'ee talaalliiwwan COVID-19, humneessituu, hamma dabalataa, umrii fi haala fayyaa keessanii irratti hundaa'udhaan, irratti <a href="#">odeeffannoo haaraa</a> hin qabdan yoo ta'e.</li> </ul>

<p><b>Narratti hin argamne yookan hin qoratamne</b></p>	<p>Qajeelfama <a href="#">Yoo COVID-19 qabaman maal akka gochuu qaban (wa.gov)</a> duuka bu'aa. Yoo hin qoratamne taate, adda of baasu wal fakkataa duuka bu'i akkasuma akkuma namoota qabamanii maaskii fayyadami.</p>	<p>Qajeelfama <a href="#">Yoo COVID-19 qabaman maal akka gochuu qaban (wa.gov)</a> duuka bu'aa. Yoo hin qoratamne taate, adda of baasu wal fakkataa duuka bu'i akkasuma akkuma namoota qabamanii maaskii fayyadami.</p>
<p><b>Nageetivii</b></p>	<p>Mana turaa, hamma:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Wal'aansa hoo'insa qaamaa hir'isu fayyadamuun dura sa'aatii 24 darbe keessatti hoo'insa qaamaa yoo hin qabanne, <b>FI</b></li> <li>• <a href="#">Mallattoleen</a> keessan baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan.</li> </ul> <p>Adda of baasanii turuu, maaskii uffachuu fi qoratamuu bakka dhaabdaniiti itti fufaa (<a href="#">Nama COVID-19 qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasiseera, garuu na hin dhukkubu kan jedhu ilaala. Maal gochuun qaba?_kuta</a>).</p>	<p>Adda of baasanii turuu bakka dhaabdaniiti itti fufaa (<a href="#">Nama COVID-19 qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasiseera, garuu na hin dhukkubu kan jedhu ilaala. Maal gochuun qaba?_kuta</a>).</p>

## Adda bahanii turuu fi yerodhaaf qophaatti adda bahuu gidduu garaa garummaa maaltu jira?

- **Adda bahuun**, COVID-19'n qabamtan yoo ta'ee fi bu'aa qorannoo eeggataa jirtu yoo ta'e, yookin COVID-19'n qabamtan yoo ta'e waanta gootaniidha. Adda bahuun, dhibichi akka hin daddabarre ittisuuf jecha [yeroof](#) (Ingiliffa qofaan) mana turuu fi namarraa (miseensota maatii dabalatee) adda bahuudhan turtu jechuudha.
- **Kophaa turuu jechuun** COVID-19 dhaf yoo saaxilamtan waanta gootaniidha. Kophaa turuu jechuun tasa yoo dhibichaan qabamtanii fi ni daddabarsitu yoo ta'e [yeroof murtaa'ef](#) (Ingiliffa qofaan) manaa fi namoota biroo irraa fagaatanii turuu jechuudha. Boodarra COVID-19' qabamtan yoo ta'e yookin mallattooleen COVID-19 isin irratti mul'ate yoo ta'e, yerodhaaf qaophaatti adda bahanii turuun gara adda bahuutti ceha (quarantine becomes isolation).

## Odeeffannoo fi Qabeenyota COVID-19 dabalataa

[Haala COVID-19 kan Ammaa Washington keessatti, Labsiiwwan Bulchiinsa Islee](#) (Ingiliffa qofa), [mallattoolee](#) (Ingiliffa qofa), [akkamitti akka tatamsa'u](#) (Ingiliffa qofa), fi [akkamittii fi yoom namoonni akka qorannoo taasisuu qaban](#) (Ingiliffa qofa) ilaalchisee odeeffannoo waqtaawaa qabaadhaa. Odeeffannoo dabalataaf [Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman](#) (Ingiliffaan qofaan) keenya ilaalaa.

Eenyummaan/sanyiin yookin lammummaan mataan isaa namatokko COVID-19 dhaaf hin saaxilu. Ta'us, ragaaleen hawaasni bifa addaa qaban COVID-19- dhaan bifa walqixa hin taaneen miidhamaa akka jiran mul'isu, kuni ta'uu kan danda'e sababa namoonni qoqqobbii sanyummaa irra gaheen namoonni kun ofii isani fi hawaasa isaanii dhibicha irraa ittisuuf carraa baay'ee hin arganneefidha. [Magaa namaaf kennanii nama qoodun dhibicha ittisuuf hin gargaaru](#) (English only). Odeeffannoowwan sobaa akka hin tatamsaaneef odeeffannoo sirrii kanneen birootiif qoodaa.

- [Qajeelcha Fayyaa 2019 steeta WA Weerara Koroonaa Vaayirasii Novel \(COVID-19\)](#)
- [Deebii Koronavaayirasii \(COVID-19\) Isteeta WA](#)
- [Qajeelcha Fayyaa Naannoo yookin Aanaa Keessanii Barbaadaa](#) (Ingiliffa qofaan)
- [Vaayirasii Koroonaa CDC \(COVID-19\)](#) (Ingiliffa qofaan)

- [MaddeenMaqaa namaaf kennanii nama qooduu hir'isuu](#) (Ingiliffa qofaan)

**Gaaffii dabalataa qabduu?** Sarara bilbilaa keennya kan Odeeffannoo COVID-19 tti bilbilaa: **1-800-525-0127**

Wiixata – 6 a.m. irra hamma 10 p.m., Kibxata – Dilbata fi [ayyaanota biyyoolessaa](#), 6 a.m. hanga 6 p.m. Tajaajiloota afaan hiikuuf, yeroo isaan deebisan # **tuquudhan afaan keessan dubbadhaa**. Waa'ee fayyaa keessanii gaaffilee dabalataa gafachuuf, qorannoo COVID-19, yookin bu'aawwan qorannootif, dhiyeessaa eegumsa fayyaa qunnamaa.

Galmees kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 ([Washington Relay](#)) irratti bilbilaa yookiin [civil.rights@doh.wa.gov](mailto:civil.rights@doh.wa.gov) irratti imeelii erga.